
Biiroo Barnoota Bul.Magaalaa Finfinneetti

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 2ffaa Kan Semisteera 2ffaa



Barannoo 13

Boqonnaa 17

Gilgaala 2

Gosoota keyyataa beekuu

Kaayyoo barannichaa

Barannoo kana booda

- **Gosoot keeyyataa ni himtu.**
- **Faayidaa isaaniis ni himtu.**

Shaakala

Gaaffiwwan armaan gadii irratti mari'adhaaa!

1.keeyyatni Gosoota Akkamiifaa Qaba?

2. Keeyyatni maali jettanii yaaddu?

Gosoota Keeyyataa

- **Keeyyatni qindoomina himootaati.**
- **Gosoota adda addaatu jira.**
- **Faayidaa addaa qaba.**
- **Fakkeenyaaf,**
  - **_Seenaa himuuf**
  - **_ Qajeelfam kennuuf**
  - **_ Dinqisiifachuuf**
  - **_ Wal falmii geggeessuuf**

Gosootni keeyyataa kunis

1.keeyyata seenessaa

2.keeyyata ibsaa

3. Keeyyata addeessaa

4.keeyyata falmii jedhamuun beekamu.

Keeyyata Seenessaa

- **Dur Leencaa fi Waraabessatu wliin jiraatu turan.Leenci waan lubbuu qabu jaallata.Waraabu garuu du'aas ni nyaata.Gaaftokko deemuuf jedhanii fayyaa malee du'aa akka hin nyaanne waadaa waliif seenan.Garuu osoo deemanii waraabu foolii waan du'ee suufuun waadaa leenca waliin seene cabse jedhama.**





2.Keeyyata Ibsaa

Shaayii danfisuuf tartiiba kana gadii hordofuu qabna.Jalqaba,bishaantu danfistuutti naqamee abiddarra kaa'ama.Itti aansuun baala shaayiitu ittinaqma. Kana booda shukkaaratu safartuun itti naqamee waliin danfa.Dhumarratti burcuqqoo shaayiitti buufamee dhugama.





GOCHA

Gaaffilee Isiniif Kennaman Kanneen Yaalaa

1.Durduriin gosa keeyyata kamiin dhiyaata?

A. Keeyyata Seenessaan B.Keeyyata Ibsaan

2. keeyyatni qindoomina maaliiti?

A.Jecha B. Sagalee C. Hima

3. duraa duubni shaayii danfisuu keeyyata kamiin dhiyaate?

A Keeyyata Ibsaa B. Keeyyata Seenessaa

Deebii

A 1.Durduriin gosa keeyyata kamiin dhiyaata?

A. Keeyyata Seenessaan B.Keeyyata Ibsaan

C 2. keeyyatni qindoomina maaliiti?

A.Jecha B. Sagalee C. Hima

A 3. duraa duubni shaayii danfisuu keeyyata kamiin dhiyaate?

A Keeyyata Ibsaa B. Keeyyata Seenessaa

Cuunfaa Barannoo

Keeyyatni walitti qindoomina himaa ta’uu

Keeyyatni seenessaa durdurii dhiyeessuuf fayyaduu isaa fi

Keeyyatni duraa duuba gochaa ibsuu isaa hubannee jirra.

Hojii manaa

Bara durii Qocaa fi Hilleessatu dorgommiif dhiyaate jedhama.Hilleessi baay'ee fiigdi.Qocaan garuu suuta deemti.Hilleessi waan baay'ee fiigduuf hanga Qocaan dhuftutti gaaddisa mukaatti hafuura fudhachuuf gortee, achumaan rafte.Qocaanis suuta tirachaa, darbitee dorgommicha injifatte jedhama.

Keeyyatni kun himoota meeqa akka qabu lakkaa'uun adda baasaa.

XUMURAMEERA

Vaayiresii Koroonaa Irraa Of Eegaa!!

Qoph.Yaadasaa Ittafaa

Adoolessa 2012

Finfinnee,oromiyaa

Biiroo Barnoota Bul. Mgaalaa Finfinneetti

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 2ffaa Kan Semisteera 2ffaa

Barannoo 14

Boqonnaa 17

Gilgaala 2

Keeyyata addeessaa fi falmisiisaa

Kaayyoo barannichaa

Barannoo kana booda

- **Maalummaa keeyyata addeessaa ni himtu.**
- **Keeyyata falmisiisaa ni ibsitu.**

Shaakala Barannoo Duraa

Gaaffilee Isiniif Kennaman Shaakalaa

1.Keeyyatni addeessaa maali?

2.Keeyyatni falmisiisaahoo?

Keeyyata Addeessaa

- **Keeyyatni addeessaa gosa keeyyataati.**
- **Waa’ee bakka tokkoo addeessa.**
- **Jechoota miira kakkaasaniin barreeffama.**
- **Sammuu namaa keessatti suuraa uuma.**
- **Waa’ee waan dubbifnuu suura isaa argaa yaadaan ilaalla.**
- **Walitti qindoomina himaa irraa ijaarama.**
- **Ergaan isaa tokko.**

Faayidaa isaa

keeyyatni addeessaa faayidaa adda addaa qaba.

- **_bashannansiisuuf**
- **_fakkii sammuu keessatti uumuuf**
- **_uumama naannoo ittiin ajaa’ibsiifachuuf**
- **_gootummaa nama tokkoo ibsuuf**
- **_jaalala biyyaa ibsuuf fayyadamuu dandeenya.**

Mee fakkeenya kana ilaalaa

Wellisaa Haacaaluu Hundeessaa goota ija barbadaa kan onneen hamma tulluu ga'uudha.Jagna jagnummaan isaa akka biiftuu ganamaa halaalaa namatti mullatu ta'ee,qallaa mudhiin sonsaati.Sagalee kiilolee inni afaan isaa keessaa baasu onnee namaa keessatti waan wanta ta'aa jiru argu namatti fakkaata.Walumaa galatti kennaa uumaan isa badhaase himamee kan dhumu miti.

Keeyyata falmisiisaa

- Gosoota keeyyataa keessaa tokkoodha.
- Yaada tokko irratti ilaalcha lama dhiyeessuudha.
- Tokko deggeruufi kan biraa mormuu ibsa.
- Keeyyata mormiis ni jedhama.
- Namoota lama gidduutti geggeeffama.
- Dhimmi wal falmamu jiraachuu qaba.

Fakkeenya 1ffaa

Baadiyyaan magaalaa caalaa jireenyaaf mijataadha.Haala qilleensaa fi dachee magariisa qaba.Bashannanuu yoo feete osoo qarshii hin baasin hanga jaallatte bashannanuu dandeessa.Bineensa bosonaa fi galaanota namatti tolan achitti argamu.kanaafuu baadiyyaan magaalaa ni caala.

Fakkeenya 2ffaa

Magaalaan baadiyyaa caalaa jireenyaaf mijataadha.Wantoota adda addaatu keessatti argama.Kanneen akka daandii asfaaltii,ibsaa,gamoowwan gurguddaa fi k.k.f keessatti argama.akkasumas kuduraa fi muduraa adda addaa gurgutaaf dhiyaatan hedduudha.kan feete nyaattee kan feete dhugda.Qarshii shaniin hanga fedhakee bashannanuu dandeessa.kanaaf magaalaan baadiyyaa ni caala.

Gocha

Gaaffilee kennamaniif deebii gabaabaa kennaa

1.Keeyyatni addeessaa maalfaa ibsuuf gargaara?

2.Falmii geggeessuuf keeyyata kamitti gargaaramna?

Deebii Gocha Kennamee

1.Keeyyatni addeessaa maalfaa ibsuuf gargaara?

Miidhagina ibsuuf

Gootummaa ibsuuf

Naannoo ofii dinqisiifachuuf

2.Falmii geggeessuuf keeyyata kamitti gargaaramna?

keeyyata falmisiisaa

Cuunfaa Barannoo

Barannoo keenya har’aan

- **Maalummaa keeyyata addeessaa**
- **Faayidaa isaa**
- **Maalummaa keeyyata falmisiisaa fi**
- **Faayidaa isaa baranneerra.**

Hojii Manaa

Mata duree kenname irratti keeyyata falmii barreessuun wal falmii geggeessaa.

1.Beekumsaa Fi Qarshii